Namni salaata Asrii dhiise dhugaatti hojiin isaa jalaa bade

Buraydaa ibnu Alhusayb irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Salaata asriitti daddafaa yeroon salaataa, Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni salaata Asrii dhiise dhugaatti hojiin isaa jalaa bade».

[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- salaata Asrii yeroo isaa irraa beekaa tursiisuu irraa sodaachisani, namni sana hojjate hojiin isaa isa jalaa bada mindaa tokko malee akkasumatti isa jalaa hafa.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/6261